

## Opioidsn kan hammatu:

### Heroin, fentanyl, ni dawaale dhukkubbii oogeessa fayyaatiin ajajaman:

Vicodin ( <i>hydrocodone</i> )	Percocet
OxyContin ( <i>oxycodone</i> )	Methadone
Daylawdid ( <i>haydiromorfon</i> )	...fi kanneen biroo
MS Kontin ( <i>morfin</i> )	

- Yoo namni tokko opioids hamma qaamni isaanii danda'uu ol fudhatan gaggabuu, harganuu dhabuu fi du'uu ni danda'u.
- Dawaa hamma barbaachisuu ol fudhachuu sekondii irraa hanaga sa'aatiilee ni fudhat
- Namni kamiyyuu kan opioids fayyadamu hamma barbaachisuu ol fudhachuu ni danda'a.

## Balaa Opioid Hamma Barbaachisuu ol Fudhachuu

- **Boqonnaa booda opioids lamkaasi.** Waldanda'uun guyyoota muraasatti gadi bu'a.
- **Yeroma wal-fakkaatutti opioids fayyadamuun** alkooli, benzodiazepines/"downers," cocaine, yookiin methamphetamine wajjiin. Qoricha sammuu namaa hadoochubaayyee hedduu yeroo tokkotti fdudhachuun onnee fi somba keessan dhiphina keessa galcgha.
- **Fayyadamiinsi heroin kamiyyuu** sababa bal'inia hangii qulqulina isaatiif jecha.
- **Kiniina isiniif hin ajajamin kamiyyuu fudhachuu.** Bakkuma fedheehuu yoo argattan, fentanyl of keessa qaba.
- Qoricha dhukkubbii ofii keessanii fudhachuun **yeroo heeddu yookiin hamma barbaachisuu ol baayyisuun** kan isiniif ajajamee caalaa.
- Dhukkuba onnee yookiin somba.

### Duuti Fentanyl Bulchiinsa WA keessatti dabalaa jira.

Fentanyl opioids biroo irra baayyee cimaa dha akkasumas hangi barbaachisummaa isaatii oli ariitiin uumama. Fentanyl arguu yookiin dhandhamuu hin dandeessu. WA keessa, kiniinoonni baayyee mana qorichaa irraa hin tahn fentanyl dha. Daakuun dhaan ni argama.

## Naloxone akkamittiin argadha?

Naloxone'n (Narcan®) dawaa hakimaa kan dhiibbaa opiyoo'id yeroo muraasaf dhabsiisuuf kennaamuu fi kan namni sun deebisee akka harganu gargaru dha.

Naloxone akka lilmootti maashaa keessatti yookiin intranasal spray (funyaan keessan bifa facaafamuun) kennamuu ni danda'u. Fayyadamuuf salphaa fi nageenyi isaa baayyee kan eeggamedha.

**Stopoverdose.org** seenuudhaan yoo naloxone mana qorichaa, doktarii, yookiin damee fayyaa sitti dhihoo irraa argame ilaala.

## Qabeenyalee

Sarara Dhibeerraa Fayyuu Washington (gargaarsa balaa fi riifar godhuu sa'attii 24)

[warecoveryhelpline.org](http://warecoveryhelpline.org), 1-866-789-1511

Dhiheessaa duboxone/buprenorphine  
[tinyurl.com/bup-locator](http://tinyurl.com/bup-locator)

Odeeffannoo waa'ee dawaa araada opioid too'achuu dhaa fi balaa opioid hamma barbaachisuu ol fayyadamuudha  
[learnabouttreatment.org](http://learnabouttreatment.org)

Barreeffamni xiqqaan kuni bakka bu'aa leenjii guutuu deebisaa qoricha hamma barbaachisuu ol fudhachuu dhiheessaa fayyaa yookiin barsiisaa fayyaa tiin kennamuti miti. Odeeffannoo dabalataa tiif daawwadha:  
[stopoverdose.org](http://stopoverdose.org)

(fooyya'e 6/2021) dhaan dagaage:



Hiikkan kan deeggaramiin:

Washington State Health Care Authority



# Opioid Hamma Barbaachisuu ol



Yoo namni isin beektan tokkoo kiniini opioid, fentanyl, yookiin heroin fayyadame...

*...yoo isaan hamma barbaachisuu ol fudhatan maal akka gootan ni beektani?*

**Odeeffannoon kuni lubbuu baraaruuf isin gargaaru danda'a.**

[stopoverdose.org](http://stopoverdose.org)

# Hamma Qorichaa Opioid Barbaachisoo ol Fudhachuu irratti Tarkanfiiwwan Fudhatamuu qabu:


## 1 Mirkaneessi: kuni opioid hamma barbaachisuu ol fudhachuu tahuu ni danda'a?

### Ilaalati dubbadha:

- Suutan yookiin sirruman hargansuu dhisuu
- Iyyuu, aaduu, yookiin karrisuu
- Daalachaa'uu, gogaa qabana'uu
- Hidhii yookiin keensa cuquliisa yookiin daara'aa
- Qaruuraa, lilmoolee, yookiin alkoolii



### Isaan dammaqsuu yaala:



- Isaan sossoosatii maqaa isaanii waama.
- Qoma isaanii shanacha keessaniin qajeelaati sukkuumaa.

**Yoo isaan hin dammaqin, ariitiin sochoo'uu qabdu!**

## 2 911 irratti bilbilaa.



- Iddoo jirtanii fi akka namni sun harganaa hin jirree dubbadhaa.
- Waa'ee qoricha sammuu namaa hadoochuu fi dawaalee homaa tokko jechuun isin hin barbaachisu.

## 3 Naloxone kennaatii hargansuu baraaru jalqabaa.

- **Naloxone kenna.** Qajeelfamoota qarqabicha yookiin meeshaa baraarsaa qoricha hamma barbaachisuu ol fudhachuu irra jiru hordofa.
- **Hargansuu baraaru jalqabaa.**
- Yoo daqiiqoota 3-5 itti deebi hin kennin, **hamma qoricha naloxone isa lammaffaa kenna.** Hargansuu baraaru itti fufaa.



**Yoo naloxone hin qabaannellee hargansuu baraara. Ooksijiiniin murteessaa dha!**

## 4 Isaanii wajji tura.

- Yoo dammaqanii harganuu jalqaban, isaanii waliin tura.
- **Gargaarsa fayyaa haanga dhufuutti issaan eegaa.** Dhiibbaan naloxone daqiiqoota 30-90 ni dhaabbata. Yoo akkas ta'e, namni sun harganuu dhaabuu ni danda'a.
- Dhiisuu qabdu, kallattii dhibee irraa fayyuutii fi bakka itti argaman isaan kaayaati.



## Seera Gaarii Samaritan

Yoo deeggarsi fayyaa qorichaa hamma barbaachisuu ol fudhachuu yookiin summaawuu alkoolii argattanii isinii fi midhamaan qoricha sammuu namaa hadoochu fayyadamuuf, qabaachuuf, yookiin umriin osoo hin geenye dhugaatii dhuguuf hin himatamtan.



WA RCW 69.50.315

## Hargansuu baraara



- Mataa gara huddu-duubaa shukuuna Areeda ol kaasaa. Funyaan qimmiidaa.
- Kenna **hargansuulee ariitii 2.** Qomni ka'uu qaba.
- Sana booda **sekondiilee 5 kamuutti hargansuu suutaa 1 kennaafii.**
- **Akkasuma godhaa itti fufi** hamma harganuu jalqabanitti yookiin gargaarsi dhaqqabutti.

## Bakka Dhibeerra fayyuu

